Afaan Oromoo

Poolisii Norz-umbiriiya

Gorsa waliigalaa

Poolisiin Norz-umbiriiya baga nagaan gara Kaaba-baha Inglizii dhuftaan isiniin jedha.

Poolisiin isin gargaaruuf as jira, amma danda'aametti yakki akka isin irratti hin raawwatamne ni ittisa ykn jibba sanyummaaf (racism) akka isin hin saaxilamne godha.

Poolisiin walqixxummaa fi murannoodhaan dirqama, seera eegsisuu, yakka ittisuu, warra seera cabse seerratti dhiyeessu, akkasumas nageenya hawaasaa eeguu fi gargaaruudha.

Poolisii Norz-umbiriiya sodaachuu hin qabdan. Poolisonni keenya hojii isaanii sodaa, loogii ykn jibba malee hojjetu.

Poolisii qunnaamuuf

Kallattiidhaan gara waajjiira poolisii dhufuun nu qunnamaa ykn bilbilaan guyyaatti sa'aatii 24 nu argachuu dandeessu.

Bilbila hatattamaa (emergency) yoo bilbiluu barbaaddan gara lakkoofsa 999 irratti bilbiluun poolisii gafaachu dandeessu.

Dhimma Poolisii ilaallatu ilaalchisee rakkoo Afaan Inglizii hubachuu yoo qabaattan nama afaan isinii hiiku ni qopheessina.

Bilbilli keessan kan hatattamaa miti yoo ta'ée gara waajjira poolisii naannoo keessan jiru dhaqaa ykn 101 irraatti bilbilaa ykn toora (marsaa) intarneetii kana irraatti nu argaattu www.northumbria.police.uk

Gocha Jibbaa

Gocha jibbaa jechuun namni tokko sababa amantii, qomoo, saala, fedhii filanno wal-qunnamtii saala (sexuality) Fkn (wal-qunnamtii saala dhiira fi dubartiin, dhiira fi dhiirri akkasumas dubartii fi dubartii gidduutti ta'udha) ykn hanqina qaama isaati irraa kan ka'e yoo rakkoon irra ga'eedha.

Eenyummaa kee irraan kan ka'ee yoo rakkoon si mudatee gocha kana poolisiidhaaf gabaasaa, nutis qaama dhimmi isaa ilaallatu waliin taanee gargaarsaa fi gorsa barbaachisaa isiniif kennina.

Poolisiin Norz-umbiriiya miidhaa gochaan akkasii isiniif hawaasaa irraan ga'uu hubaachuudhaan dhimmoota kana iddoo ittii kennee ilaala.

Yakka

Akka waliigalaattii Kaabi-bahaa Inglizii jireenyaaf akkasumas hojiidhaaf bakka mijataa fi naga qabessadha. Hataúu malee yoo yakkaaf saxiilamtani poolisiiti gabaasun barbaachisaadha. Poolisiin Norz-umbiriiya gabaasa keessaan iddoo ittii kennee ilaalun yakka kana irratti qorannaa geggeessu fi gargarsaa barbaachisaa isiniif godha. Akka nama yakkaaf saxilame tokkotti ilaalamuun akka nama bilisaatti fudhatama.

Gocha yakka ta'an

Biyya Ingliziitti gochaan arman gadii yakkadha:

- Wal-qunnamtii saala fedhii nama sanaa malee raawwachuu-kun tuttuqqii hin barbaachisne ni dabalata.
- Dhiirri tokko nama umuriin 16 gadii (under age) ta'e waliin wal-qunnamtii saala fedhii irratti hundaa'ee raawwachu.
- Meeshaa qara qaban kan akka albee fi meeshaa waraanaa kan nama biraa miidhuuf fayyadan harkattii qabani argamuu.
- Qoricha dhorkaa ta'an (illegal drugs) fayyadamuu akkasumas harkatti qabani argamuu, kun kaanabisii dabalata.
- Nama sodaachisuu fi arrabsuu.
- Jeequmsa gosa kamiin iyyuu nama biraa irratti kaasuu.
- Konkolaataa tokko hayyama konkolaachisummaa, inshuraansii, ykn hayyama shaakalaa malee konkolaachisuu.
- Dhugaati dhuganni ykn qoricha dhorkaa (drugs) fudhatanii konkolaachisuu.
- Qabeenya nama biraa ta'e tokko hayyama nama Sanaa malee fudhachuu.

Poolisiin meeshaa hatame ykn fayyadamuun dhorkaa ta'e harkatti qabattanni jirtu jedhe yoo amane karaa irratti isin sakata'u ni danda'a.

Yakka dalagidanii yoo argamtan garaa waajjiira poolisiitti gessamtu ykn ni hidhamtu, bakka kanatti mirga abukatoo waliin dubbachuu qabdu akkasumas afaan Inglizii hin hubataan yoo ta'ee nama afaan isiniif hiikuu ni argattu.

Kanneen arman gadii gochuun yakka akka hir'isnuu nu gargaaruu dandeessu:

• Ofii eegannoo barbaachisa fudhachuun ofii kessaan, mana kessaan akkasumas ollaa kessaan eegu dandessuu.

• Yeroo yakkii hojjetamu ykn wanta nama shakisisuu tokko yoo agartan poolisiitti gabaasuun.

Yaadadhaa Poolisiin biyya kana yeroo hundaa isin gargaaruuf as jira.